

BUUSAA GONOFAA OROMIYAA

ቡህሳ ንግድ ኦሮሚያ



BUSA GONOFA OROMIA

Lakk/ቁጥር

Ref.No.

Guyyaa/ቀን

Date

BGO-72/397
28-04-2017

Biiroo Barnoota Oromiyaatiif

Finfinnee

Bulchiinsa Godinaalee 21tiif

Bulchiinsa Magaalootaa 23tiif

Damee Buusaa Gonofaa Godinaalee 21tiif

Damee Buusaa Gonofaa Magaalota 23tiif

Bakka jiranitti

Dhimmi:Sagantaa Nyaata Manneen Barnoota Irratti Kallatti ta'e ilaalata

Akka Buusaa Gonofaatti sagantaan nyaata barattoota inisheetiivii guddaa bara 2015 kabajamoo Pireezidaantii naannoo keenyatin labsameedha. kaayyoon isaa ijoo sababa hanqinna nyaatatiin barattoota mana barnootaa keessatti barnoota isaanii sirnaan hin hordofneefi barnoota irraa harca'an hambisuufi qulqullina barnoota fooyyeessun dhaloota biyyaa jaalatuufi ijaaru uumuudhaafi.

Sagantaan kun akkaataa karoorfameen deemuu irrattii hanqinnoni sirreeffamuu qaban mul'achaa waan jiraniif, rakkoo kana hiikuudhaaf marii hoggansi olaanaan Naannoo keenya taasiseen kallaattiiwwan hordofamuu qabanii fi adeemsa hojiiichaa irratti qabxiiwwan ibsamaan xalayaa fuulaa lamaa gaggeessituu kana waliin isiniif waan ergameef sadarkaa hundatti hubatamee hojii irraa akka oluuf deeggarsa keessan gafana.

- Waajjira Pirezedaantiif
- Kilaastara Hawaasummaaf
- Damee Hirmaanaa Ummataatiif

Finfinnee



Naga Waajjin!

[Signature]
Mogos Ida'ee Odaa
Hoogganaa Buusaa Gonofaa

Kallatti Nyaata Manneen Barnoota Irratti Hordofamuu Qabu

Buusaa Gonofaa Oromiyaa ergaa hundeeffamee asittii hojiiwwan boonsaa hojjataa jira. Galma kaahamees yeroo gabaaba keessa akka qaqqabuun danda'amu tumsa caasan sadarkaan jiru taasisuun bu'aawwan yeroo amma muldhachaa jiran namatti muldhisu. Keessattuu Miseensa Buusaa Gonofaa horachuu, Buusii Miseensummaafi Gumaata Buusaa Gonofaa walitti qabuun akkaatuma karoorfameen deemaa akka jiru gamaaggamaa yeroo yeroon gaggeefamuun hubachuun ni danda'ama.

Haata'uutii inisheetiviin karaa kabajamoo Pireeziidantii Naannoo keenyatiin kenname keessaa Sagantaa Nyaata Barattootaa bara 2015 irraa kaasee kennamee hojii irraa olchuuf tattaaffin taasifamaa jiraatus akkaata karoorfameefi kallattii kennameen raawwachuu irratti hanqinnooti hin waakkatamineetu muldhachaa jira.

Sababiin hanqinnaa kanaa heddu ta'anis inni ijoon qabeenya nyaata barattootaf oluu baa'yee guddaafi hirmaanna hawaasatiin kan walitti qabamu ta'uu isaati. Bara 2015 fi 2016 barattoota idileen dura hanga kutaa 4f nyaani dhiyaacha kan ture yoo ta'u bara 2017 irraa eegalee maneen barnoota idileen dura hanga kutaa saddeetii keessatti barattoota barataniif nyaata guyyaatti al tokko akka dhihaachuu qabu kallattiin kennamee hojjatamaa jiraatus qabeenya barattoota mil.9 olii kanaaf barbaachisu qarshii biliyoona 15 ta'uu isaatiin qabeenya hangana gahu kana yeroon sassabamee barattootaf dhiheessuu irratti harcaatiin baldhaan muldhachaa jira.

Rakkoo kana Furuuf hoggantoni olaannoo Naannoo keenya mare taasisanin, maddii rakkichaa maal akka ta'eefi furmaanni issas maal akka ta'u irratti kallattiwwan adda addaa kaahanii jiru. Kallattiwwan kennaman keessaa:-

1. Nyaata Manneen Barnoota dhiyeesuuf qamooleen ergamni kennameef haala itti fufinsa qabuun dhiyeesuu fi nyaachisuu akka qaban
2. Nyaani dhiyaatu Barattoota Sadarkaa Barnoota Idileen dura irra kasee hanga kuuta 8ffaa barachaa jiranii fi Barsisoota sadarkaa kana irratti barsisaa jiraniif ta'a
3. Hojii Buusaa Gonofaa milkeesuf tumsi seekteralee akkuma jirutti ta'e Qindoominni Buusaa Gonofaa fi Biiroo Barnoota sadarkaan jiru birratti mul'achuu qabu daran cimee itti fufu akka qabu /karoorsu, Raawwachuu, hordoffi fi Gabaasu/




Mogos Idaée Odaa
Hoogganaa Buusaa Gonofaa

4. Qabeenya nyaataf oluu dhiyeesus ta'e omishuun kan Buusaa Gonofaa ta'e kuusu irraa kasee hanga bilcheesanii nyaachisutti hojiin jiru kan caasa Barnootaa fi maneen Barnoota ta'u qaba
 5. Qabeenyi nyaata barataaf Buusaa Gonofaan walitti qabamu kamuu seeraafi nagaheedhan qofa akka walitti qabamuufi safinnan maneen barnootaa sadarkaan jiraniif dabarfamee akka kennamu ta'u qaba
 6. Lafti Qonna Manneen Barnootaa keessa jiru hundi abban qabeenyumaa isa maneen Barnoota ta'e hirmaana ummataa fi tofta adda addaan misoomsani omishaa isa nyaata maneen Barnootaf olchuun gahee Buusaa Gonofaa sadarkaan jiru ta'a /Horsisaa Luukuu fi Beeyladaa ni dabalataa/
 7. Bara omishaa 2017/18 irra kasee Ganda Gandan Maneen Barnoota nyaata dhiyeesun akka of danda'aan gochuuf Lafa jiru irratti omishtumaa dabaluuuf hojjechuu fi Lafa Qonnaa dabalataan misoomsuun galii isani cimsuu/Deeggarsa Aanalee, Magaalotaa fi adda durumaan Caasa Gandootaa fi maneen Barnootan/
 8. Galii dabalataa nyaata maneen Barnootaf ooluu madisisuuf jechaa maneen barnoota keessatti horsiisa Loonii, lukkuu fi kkf raawwachuun sagantaan nyaata maneen Barnoota akkaataa karoorfameen akka raawwatamuufi galmi dhaloota dandeetii, naamuusa gaariifi biyyaa isaa jaalatuu uumuuf qabanne akka milkaahuf qaamni dhimmi ilaaluu hundi deeggarsa barbaachisaa akka taasisu kallattiin kennamee jira.
- Kanafuu kaayyoo kana milkeesuuf jecha sadarkaa hundatti kallattin ta'e karooratti jijjiramee gahee hojii qodachuun hojjechuu fi olaanatumman imoo Gaaddisin akka hogganu taasisuun barbachissa ta'e argameera.



Mogos Ida'ee Odaa
Hoogganaa Buusaa Gonofaa